Itoophiyaatti Tajaajiloota Hiyyummaarratti Xiyyeefatan

Kaardii Gabaasa Lammiiwwanii (KGL)

(Yaalii isa Jalqabaa Itoophiyyaatti)

Poovartii Akshin Neetwoork Itoophiyaa (PANI)

Adoolessa 1998 ALI

Finfinnee

BAAFATA GABAASICHA

**Matadureeꞏꞏꞏ

Dursa

Gabaasni kun, yeroo jalqabaaf haa ta'u malee, yaada lammiiwwan tajaajiloota hiyyummaarratti xiyyeefatanii fi mootummaan akkasumas dhaaba mootummaa hintaaneen kennamaa jiranirratti qaban agarsiisa. Kaardiin Gabaasa Lammiiwwanii (KGL) kun sagalee fi muuxannoo lammiiwwanii karaa argatiinsa akkasumas fudhannaa tajaajilootaarratti qaban haalaan gabaasa.

Qorannoon kun kan raawwatame bu'aa qorannichaa bu'uura godhachuudhaan qaama tajaajiloota kana kennanirratti quba qabuuf akkasumas himachuuf odoo hin taane hagam bu'aan KGL kanaan argame kun hanqina karaa kenniinsa tajaajilootaa jiru ifatti baasee fooyya'iinsa kenniinsa tajaajilootaatiif gahee isaa taphachuu danda'u mul'isa. Kana ilaalchisee, PANIn raawwiiwwan akasii hagam hariiroo mootummaa fi hawaasaa cimsee rakkoo hiikuurratti tokkummaan duuluu danda'an argisiisa.

Akka amantaa PANI tti bu'aan qorannoo kanaa gamagama raawwii sanadii karoora waggaa sadan darbanii akkasumas hojmaata sanadii karoora waggaa shanan dhufaniif akka itti-seentuutti iddoo guddaa akka qabudha. Gamagama sanadii duraa keessatti hubannoon tajaajiltootaa akka agarsiistuu fooyya'iinsa raawwiitti fudhatamaa turuyyuu odeefannoon karaa barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaa akkasumas agarsiistuuwwan fedhii hawaasaarratti hundaa'an dhiibbaa fi babalina tooftaaleewwanii fi tarkaanfiiwwan irra-deebi'a imaammattoota hiyyummaa hir'isuu akkasumas balleessuu irratti qaban gudachaa deemuu isaati. Tarkaanfiiwwan fudhatamaa jiran kun tamsa'ina odeefannoo gahee qaamoolee mootummaa hintaanee cimsuudhaan hirmaannaa isaanii akka kakaasuuf eegama.

Haaluma kanaan tooftaalee hirmaannaa hawaasaa of-keessatti qaban kan akka KGL odeefannoo karaa adeemsa kenniinsa tajaajilootaa akka barbaadametti sassaabuudhaaf ni danda'u. Kanaafuu, qorannoon kun qorannoowwan kanneen tooftaalee waliigalaatiin raawwataman bukkeetti iddoo gaarii akka qabu beeksisuun barbaachisaadha.

Karaa biraatiin KGL gahinsa tajaajilootaa madaaluuf akka bu'uuraatti waan fayyaduu danda'uuf, PANIn qorannoo akkasii haala itti fufinsa qabuun raawwachuu qabdi. Kan gochuudhaan fooyya'iinsa raawwatinsa sanadii tooftaa fi tarsiimoo biyyatti fiduuf iddoo guddaa akka qabu dha.

Dhumarratti PANIn dhaabbilee raawwatinsa qorannoo kanaaf gahee guddaa taphachaa turan odoo hin galateefatiin dhiisuu hin barbaaddu. Sagantaa Misoomaa Mootummaa Gamtoomanii (UNDP) fi dhaabbata Akshin Eyid Itoophiyaa jedhaman karaa maallaqaa fi teekinikaa gargaarsa waan nuuf godhaniif gudifnee ni galateefanna. Miseensonni PANI raawwii qorannoo kanaaf karaa baayyee gargaarsa waan nuuf laataniif isaaniin illee galatoomaa jennaan. Kana malees, biyya Hindiitti dhaabbata Pablik Afeersi Fawundeeshin (PAF) jedhamu leenjii tooftaalee qorannoo KGL waliin wal-qabatee jiru kennuudhaan akkasumas qorannoodhuma isaa iyyuu raawwachuudhaan waan gahee cimaa taphateef baayyifnee ni galateefanna.

Isheetuu Baqqalaa

Qajeelchaa Hojii Raawwachiiftuu PANI

HIIKA

KGL Kaardii Gabaasa Lammiiwwanii (Citiczens Report Card)

PANI Poovartii Akshin Neetwoork oof siviil sosaayitiis iin Itoophiyaa (Poverty Action Network of civil society in Ethiopia)

FURTUU HIIKA JECHOOTAA

Kan arman gaditti tarreefaman hiika sanadii kana keessatti kan jiran jechoota hiika afaan Inglilizii ti.

Galmeewwan Misooma Jaarraa - Millinum Development Goals

Qorannoo Jalqabaa Kaardii Gabaasa Lammiwwanii A Pilot Citizens Report Card – Itoophiyaatti Tajaajiloota Hiyyummaaratti Xiyyeefatan - Pro-Poor Services in Ethiopia

1. SEENSA

1.1. Kaardiin Gabaasa Lammiiwwanii (KGL) Maali dha?

Kaardii Gabaasa Lammiiwwanii jechaan tooftaa qorannoo salphaatti hojiirra ooluu danda'u yoo ta'u hubannoo hawaasni ga'insaa fi qulqullina tajaajilootaaratti qaban haala gaariidhaan sassaabuuf kan nama gargaaru dha. KGL tajaajilamtoota sonuudhaan hubannoo isaan kenniinsaa fi qulqullina tajaajilootaa irratti qaban walitti guuruudhaan tajaajiltootni hanqinaa fi jabina karaa kanaa qaban illee addaan baasanii akka beekan isaan gargaara.

Gama fooyya'iinsa dameeleetiinis (seektarootaa) yoo ilalaame, KGLn qabatamaatti hawaasaa tajaajila argatu irraa kaasee hanga dhaaba tajaajila kennuutti, jalaa hanga gubbaatti, tarkaanfiin tajaajila fooyyeessuuf hojii irraa oole tokko hangam akka uwwisu fi bu'aalee inni argamsiise ilaalchisee raga qabatamaa argamsiisuu ni danda'a. Kanaan alattis, KGLn lamiiwwan (keessattu warri hiyyeessi tajaajila gahaa hin arganne) yammuu tajaajila argachuuf carraaqan gufuuwwan isaan mudatan addaan baasuuf kan nama dandeessisu ta'uu isaatiin ol, gahiinsa fi sadarkaa qulqullina tajaajilaa murteessuuf ni fayyada. Bu'aa-qabeessummaa hojii hojjetoota dhaabbilee tajaajila kennaniitiis baruudhaaf ni gargaara. Mul'atootinni (argamoonni) karaa KGL tiin argaman immaamatoonni dameelee fi tooftaaleen sagantaa hojii irraa jiran yookaa hojiirra ooluuf jedhaniitiif gama bulchiinsaa fi tajaajila kennnuutiin rakkoolee jiran hubatanii yaadaa fi gorsa barbaachisaa kennuudhaan gufuuwwan jiran maqsuudhaan qulqullina fi gahumsa kenniinsa tajaajilaa fooyyeessuuf ni gargaara.

KGLn tooftaa carraa (lottery method) fayyadamee tajaajilamtoota filuudhaan qorannoo sonuu (survey) irratti gaggeessee hubannoo fi muuxannoo isaaniitiin sadarkaa tajaajilootni irra jiran baasuuf ni gargaara. Kana malees, tooftichi rakkoolee sagantaalee adda addaa mudatan gar-tokkotti fiduun haala cimina isaaniitiin teessisuun (priority setting) biratti rakkoolee hamaa ta'an addaan baasuudhaan xiyyeeffannoon akka itti kennamuu fi fooyya'iinsaa fi tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuuf nama dandeessisa. Haaluma kana wajjin wal-qabateen, tooftaan KGL kun muuxannoowwan bu'aa qabeessa ta'an tajaajila dameelee gara garaa irratti mul'atan bu'uura godhuun yaada waliigalaa dhimmichaa fi tooftaa rakkoon ittiin furamu gabbisuuf illee kan nama dandeessisu ta'uu isaati.

Tooftichi, sadarkaa qulqullina kenniinsa tajaajilaa murteessuuf kan nama dandeessisu waan ta'eef, rakkoolee tajaajilamaan tokkoo tokkoon isa mudate alatti ilaalchi dabalataa akka jiraatu waan godhuuf wal-diddaa tajaajila tokkoon tokkoon irratti mul'atu caasaa fi kenniinsa tajaajilaa kutaa xiqqaa waliin xiinxaluudhaan akkasumas wal-dorgomsiisuudhaan furmaata fooyya'iinsa tajaajilaa tooftaa qabeessa ta'e kan waliigalaa diriirsuu ni dandeessisa.

Tooftaan KGL sadarkaa tajaajilaatti quufuu yookaa quufuu dhabuu lammiiwwanii agarsiisuudhaan yaada isaanii haala salphaa ta'een fi dogoggorsiisaa hin taaneen hubachuu nama dandeessisa. Tooftichi, yaada waliigalaa lammiiwwan quufinsa tajaajilaa irratti qaban dhiyyeessuuf kan nama gargaaru ta'uu isaa caalaa, yaadawwan tajaajiloota tokkoon tokkoon isaanii qaban fi bifa (fuula) tajaajiloonni adda addaa ilaalchisee yaadawwan kennaman beekuu nama dandeessisa. Fakkeenyaaf, lammiin tajaajila argatu tokko tajaajila bishaan dhugaatii ilaalchisee wanti fi yaadinni fooyya'iinsaa murteessanii fi ifa ta'ee fayyadamaan tajaajilichaa gutuutmaa guutuutti ittii gammaduu isaa yoo ta'u, kana immoo tooftaa KGL tiin haala salphaadhaan baruun ni danda'ama.

Dhugaa-qabeessummaa yaada tajaajilamaan kennee mirkaneessuun yoo barbaadame, fuula (bifa) kabiraa tajaajilichumaa duraanii ilaalchisee tajaajilamaamti sun yaada gamaggamaa akka kennu isa ni gargaara.

Kanaafuu, fakkeenyaaf akkaataa yaada tajaajilamaa tokkootiin hangi dhiyeessa bishaan dhugaatii qulqullina isaa irraa daran badaa jedhamee gamaggamamuu ni danda'a. Waan kana ta'eef, yaada kana bu'uura goonee yammuu dubbannu sababinni rakkoo tajaajilamaa kanaa hanga dhiyyeessaa bishaan dhugaatii itti guutumaa guutuutti itti hin gamadinne kan jedhu haa ta'u iyyuu malee, rakkoo kana dhabamsiisuuf bishaan gahaa dhiyyeessuu dha. Walumaa-galatti kan armaan olitti ibsame irraa wanti hubachuun danda'amu tooftaa KGL tiin fayyadamuun sadarkaa itti gammachuu tajaajilamtootaa madaaluun kan danda'amu tajaajila tokko irratti yaada kennamu irratti qofa hundaa'uun osoo hin taane yaada fuula (bifa) tokkoo ol ta'an irratti kennaman hubannoo keessaa galchuudhaan dha. Kun ammo amala addaa KGL ti.

Tooftaan KGL sadarkaa gammachuu tajaajilaa tajaajilamtootaa madaaluu qofa irratti kan daangeffamu osoo hin taane, bifa hariiroo tajaajilamtootaa fi dhaabbiilee tajaajila kennan gidduu jiru

hubachullee kan nama dandeessisu dha. Waan kana ta'eefis, gama hariiroo kanaatiin dhimmoota uumaman kan xiyyeeffannoo guddaa barbaadan addaan baasanii beekuu ni nama dandeessisa. Jecha kabiraatiin, adeemsa KGL irraa wanti hubachuun danda'amu tajaajilatti gammaduu dhabuun tajaajilamtootaa sababoota garaa garaa wajjin kan wal-hidhatu ta'uu isaati.

Isaansis:

Sadarkaa quufinsa (itti gammaduu) qulqullina tajaajilaa tajaajilamtoonni qaban (fakkeenyaaf kan akka haala amansiisummaa dhiyeessa bishaan dhugaatii yookaa mana barnootaa uummataa keessatti kitaabonni haala gahaadhaan guutamuu)

Tajaajilamtoonni rakkina tajaajila irratti isaan muudae yammuu hiikuuf dhaabbiilee tajaajila kennan wajjin marii godhan haalawwan rakkisaa isaan muudatan

Sadarkaa hanqina tajaajiltoota ol kaasuudhaaf (fakkeenyaaf barsiisota argachuuf kafaltii dabalataa ykn ammo qulqullina bishaanii eeguuf jecha invastimantii gaggeeffamu) baasiiwwan barbaachisan wajjin quunnamtii jiru fi kkf.

Kanaafuu, kana irraaa wanti hubachuun danda'amu adeemsa kenninsa tajaajila uummataa keessatti rakkoolee mul'atan tooftaa KGL dhaan hiikuudhaaf akka danda'amuf jecha ragaan tajaajilamtoota irraa haala kenniinsa tajaajilaa ilaalchisee sassaabamu akaakuu raawwii kenniinsa tajaajilaa adda addaa hunda xuquu dhaan (uwwisuu) ta'uu qaba.

Kaayyoon qorannoowwan KGL akka yaadawwan sassaabuudhaaf qofa fayyadutti ilaalamuunis irra hin jiraatu. Isa kanaa alatti, qorannoowwan akkanaa lammiiwwan dhuunfaadhanis ta'e gamtaan ta'uudhaan yammuu rakkoolee haaraa hiikuuf barbaadan bu'aa qabeessaummaa filaannowwan adda addaa sakatta'uuf isaan gargaara. Fakkeenyaaf, tajaajilamtoonni kafaltii dabalataa kaffaluudhaaf fedhii ni qabu moo hin qaban yaada jedhu addaan baasanii mirkaneessuuf. Kanaafuu, tooftaaleen KGL lammiiwwan sadarkaa kenniinsa tajaajila uummataa fooyyeessuudhaaf filannoo qaban sirriitti addaan baasuun akka baran isaan ni gargaara.

Amalli KGL inni kabiraan ammo qorannoowwan toofta kana itti gargaaramuun gaggeffaman ammanummaan isaan qaban olaanaa ta'uu isaatti. Sababinni isaas, hubannoon xumuraa (Conclusion)

qorannoowwan kanaa yaada namoota muraasaa gama tokkoon gafa yaadan fi tajaajila irratti komii qaban irratti qofa kan hin xiyyeefanne waan ta'aniif dha. kana alatt's, akkaatan filannaa eddattoo KGL tooftaa carraa (random) kan hordofu waan ta'eef, gamtokkotti osoo hin haqaaqiin tajaajilamtoota gosa hundaa (fakk. tajaajilamtoota tajaajilatti gammadanis warra hin gammadiinis) irraa ciicata waan fudhataniif fi, akkasumas yadawwan garaa garaa kan calaqiisiisan waan ta'eef, qorannoowwan yaada lammiiwanii tooftaa kana bu'uura godhuun gaggeeffame amansiisaa fi yaada tajaajila waligalaa kan dhiyyeessuu waan ta'eef tooftichi daran amansiisaa akka ta'u godhee jira

Gabaabumatti, tooftaa KGL itti fayyadamuun dandiiwwan beekumsa argaman isaan kana:

Tajajilotinni humnaa irratti xiyyeeffatan hangam tokko uummata hiyyeessa fayyadamtota godhuu akka danda'an beekuu.

Garaagarummaa tajaajila fi fedhii tajaajilamaa gidduu jiru baruudhaaf tajaajilotinni daandii isaanii gad lakkiisuun haala akkamiin uummata silaa isaanitti fayyadamuu qabuu irraa gama warra kanbirootti daran jallachuu akka danda'an (fakk. hiyeessa tajaajiluu mannaa warra abbootii qabeenyaaf tajaajila dabalataan kennuu) baruuf qaanqee hubannoo namaaf ni kenna. Haaluma wal-fakkaatuun, tooftichi gufuuwwan kutaan hawaasaa inni hiyyeessi tajaajila akka hin arganne isa godhan fo'amanii akka beekaman gargaaruun caalaatti, yaadawwan tajaajilamtoonni rakkoolee hiikuu ni danda'u jedhanii irratti marii gaggeessan walitti qabuudhaan isaan irattis hundaa'uudhaan furmaatawwan rakkoo kenniinsa tajaajila furan addaan baasaanii beekuuf ni fayyadu.

Dhuma irrattis, tooftaan KGL yaadaxumuraa (couclusion) imaammata qorannowwan yaad-bu'uuraa (yaada fayyadamtoota tajaajilaa itti fayyadamuun) hangam dhugaa qabeessa yookaa qabatamaa akka ta'an mirkaneessuuf faayidaa ni qaba.

Faayidaa tooftaan KGL dhaabbilee haawaasa siviliitiif qabu yoo ilaalle ammo, tooftichi dhaabbileen kun hunda caalaa yaada dhaabbilee hawaasa sivilii fi kan uummataa sassaabuudhaan fi gurmeessuudhaan adeemsa qophaa'iinsa imaanmmataa keesatti haala si'aayina qabuun akka hirmaatan meeshaa isaan gargaaru dha. Kanaan

alattis, warra baastoota immaammataa fi qaamota mootummaa ta'an wajjin hojii wal-marii fi wal-deeggartummaa gabbisuuf isaan ni dandeessisa. Haaluma walfakkaatun, tooftaan KGL dhaabbiileen hawaasa siviilii ilaalcha dhuunfaa isaanii irraa ka'uun dhimmoota imaammataatiif xiyyeeffannoo kennuu irraa gara dhimmoota (ajandaalee) imaammataa lakkofsa dhugaa fi qabatamaa bu'uura godhataniitti akka xiyyeeffatan galaa (humna hin dhaabbanne) akka argatan isaan gargaara. Kana malees, tooftichi dhaabbiileen kun tajaajila kennitoonni haala akkamii keessatti hojii isaanii akka gaggeessan beekumsa isaan fayyadu akka argatan carraa kan isaaniif kenu ta'uu isaa caalaatti, hawaashchi rakkoolee hiikuudhaaf kan isa gargaaraan yaadawwan furmaataa barbaaduudhaaf isaan ni gargaara.

1.2.Waa'ee PANI

Qorannoon KGL kun biyyatti keessatti yaalii isa jalqabaa PANIn raawwate dha. Uumamni PANI inni guddaan hiyyummaa biyyatti mankaraaraa jiru kana humnaa fi dandeetti dhaabbilee sivilii qindeessuudhaa adeemsa hiyyummaa hirrisuu akkasumas balleessuurratti gahee guddaa taphachuu dha. Tooftaa fi tarsiimoon PANIn baafatee socho'u keessaa inni duraa qorannoo sadarkaa qulqullinaa isaa eege gaggeessuun odeefannoo gahaa ta'e walitti qindeessuudhaan gahee-qabdoota (stakeholders) waliin fooyya'insa fiduuf marii sadarkaa adda addaatti taasisuudha. Odeefannoon kunis haala kallattii imaammata agarsiisuun qopheessuudhaan adeemsa tolfama imaammataa, hojiirra oolmaa fi gamagamaa isaarratti guddisee hojachuunis tooftaa PANI ti. Kana malees, odeefannoodhuma kanarratti hundaa'uudhaan hojii adivookeesii hojachuun kaayyoo uumama neetwoorkichaa ti.

PANIn mul'ata mataa isaa qaba. Innis Haala Ifa ta'ee beeekamuun dachii Itoopphiyaarraa hiyyummaan dhabamee lammiwwan Itoophiyaa kabajaa fi bilisummaa isaanii gonfatanii jiraachuu arguudha. Ergamni PANI ammoo kabajama mirga dhala namummaa irratti hundaa'uudhaan lammiiwwan humna gonfachiisuu (empowerment), lammiiwwan sirna imaammata qopheessuu, imaammata hojiitti jijjiiruu fi gamaggama raawwii imaammataa keessatti dammaqinaan akka hirmaatan dandeessisuu (enable engagement of civil society & the poor in policy process), sagalee hiyyeessotaa qaamoolee murtii kennanitti dhiheessuu (bringing voice of the poor to decision makers) fi miseensota dhaabilee hawaasa sivilii walitti fiduu (networking) fi qaamoolee hawaasa sivilii, mootummaa

fi akkasumas qaamota gargaarsaa hiyyeeyyotaaf itti gaafatummaan akka isaanitti dhaga'amu gochuudha (accountability).

PANIn kan akka koree hawaasa siviliitti kan dhaabbate bara 2001 ti dha. Yoo sana Baankiin Addunyaa fi IMF hariiroo gargaarsa biyyoota hiyyeeyyii waliin qaban jijjiiranii biyyooti sagantaa hiyyummaa hirisuu baafatanii dhiheefataniif idaa isaanirra jiru gutumaa guutuutti akka haqan fi gargaarsa adda addaa akka kennan beeksisanii turte. Sagantaa gaafatame kana keessatti hirmaannaan hawaasa sivilii iddoo guddaa waan qabuuf, hawaasni sivilii carraa kana fayyadamuudhaan fedhii hirmaannaa isaanii koree kana waxabajjii bara 2000 tti dhaabudhaan hojiirra oolchuuf danda'an. Hirmaannaa hawaasa sivilii kana damaqinaan dandeesisuu fi mul'ata mataa isaatiin adeemsisuuf koree kan gara neetwoorkiitti bara 2004 guddifamee. Hanga ammaattis hojii baayyee raawwachaa tureera: naannoo shan keessatti hawaasni odeefannoo gahaa ta'e sagantaa hiyyummaa hir'isuuf qophaa'e kanarratti akka qabaataniif marii taasiseera; hirmaannaa isaanis cimsuuf sadarkaa naannootti caasaa banateera; qorannoo KGL fi gargaarsa midhaan nyaataarratti gaggeesseera; qaamota adda addaatiif leenjii laateera; ciicata karaa hawaasa sivilii jiru qopheessuun adeemsa karoora hiyyummaa baleessuu guddina ariifachiisaa fi misooma wal-irraa hin cinnee keessatti gumaacheera; fi kkf caqasamuu danda'u.

Kutaaleen gabaasa qorannoo kanaa warri kabiroon ammoo haala armaan gadiin barreeffamicha keessatti dhiyaataniiru. Kutaa sadaffaa keessatti haalli ijoo sirna uummatummaa maatiiwwan qorannichaatiin eddattoodhaan ammatamanii fi haalli diinagdee fi hawaasummaa sirritti ibsamaniiru. Bu'aaleen qorannichaa isaan ijoon dameelee afur (bishaan dhugaatii, tajaajila fayyaa fi qulqullinaa, baranootaa fi eksiteenshinii qonnaa) kutaa lammaffan jalatti dhiyyaataniiru. Xumura irratti, agarsiistuuwwan imaammataa bu'aalee qorannoo yaalii kanaa isaan ijoo irratti hundaa'an fi yaadinni xumuraa qorannichi irra gahe kutaa afraaffaa keessatti dhiyaatanii jiru.

1.3. Kaardii Gabaasa Lammiiwwanii: Yaalii Isa Jalqabaa Itoophiyaatti

Fulbaana bara 2000 keessatti Galmiwwan Misoomaa kan Jaarraa (Millenium Development Goals) fudhatama argachuun isaanii seenaa isaa guddaa ture. Haalli kun, kaayyoowwan misoomaa wal-hidhata qaban fi galmaawwan karooraan qabaman gama ajandaalee addunyaatti fiduudhaan hiyyummaarratti sadarkaa addunyaati

finciluuf tattaaffiin godhamaa jiru xiyyeeffannoo gahaa akka argatu taasisee jira. Kunis haala sadarkaa addunyaa irratti uumamee irraa ka'uudhaan ooggantootni biyyootaa Galmawwan Misooma Jaarraa galmaan gahuu ilaalchisee gabaasa dhiyeessuun isaan irraa eegama. Hojiin gabaasicha qopheessanii dhiyyeessuu kun ammoo oggantoota biyyootaa, qaamoolee olaanaa murtee kennan fi akkasumas miseensota qaamota hawaasa sivilii, hawaasaa gara garaa fi uummata bal'aa akkasumas dhaabbatoota meeshaalee quunnamtii uummataa hirmaachisuun isa irra jiraata.

Galmawwan Misooma Jaarraa (Millenium Development Goals) sadarkaa biyya tokkootti hojiirra oolchuudhaaf Mootummaan Itoophiyaa fi Mootummaa Gamtoomanitti (UN) Gareen Biyyaa waliin ta'uun Galmawwan Misooma Jaarraa haala qabatamaa Itoophiyaa wajjin xiinxaluuf hojii nama dandeessisu jalqabanii jiru.

Misoominni wal-irraa hin cinnee fi isa irraa kan itti fufe, Karoorri Hiyyummaa Balleessuuf Guddina Ariifachiisaa wixinee muummeyyii misooma Itoophiyaatti Karoorri lameen kun, haala qabatamaa biyyattii Galmaawwan Jaarraa fiixaan baasuuf gargaaru hubannoo keessa kan galche kallattii bal'aa agarsiisuu isaanii caalmaatti, miseensonni hawaasa sivilii sagantaa hiyyummaa hir'isuu tolchuu (qopheessuu), fi hordofuu keessatti waltajjii dammaqinaan irratti akka hirmaatan isaan dandeessisu uumeeraaf.

Sagantaa Misooma Wal-irraa Hincinnee fi Hiyyummaa Hir'isuu akkasumas Karoorri Guddina Ariifachiisaa Hiyyummaa Balleessuuf, karoora raawwii gochoota xiyyeeffannoon dursan isaaniif kenname sirritti ammatan lafa kaa'anii jiru. Madaalliiwwan ka'umsaa wajjin gabaasa sadarkaa raawwii waggaatti fayyadamuun taa'an wajjin wal-bira qabuun, adeemsa raawwii haala jaarmiyaaf toluun hordofuun ni danda'ama.

Gara-Kuteenya raawwii madaallii ka'umsaa kan gabaasa raawwii waggaa irratti hundaa'e akkuma jirutti madaaluudhaaf, agarsiistuuwwan gama dhiyyeessaatiin jiran ilaaluudhaaf kan tolfame dha. Haa ta'u malee, tooftaawwan humna irratti xiyyeeffatanii fi tarkaanfiiwwan fooyya'iinsaa jijijiiramni isaan argamsiissan fi hanga uwwisaa isaan qaban sakatta'uuf ilaalchota nama dandeessisan bal'ifachuuf akka danda'amu barbaachisummaan agarsiistuuwwan fedhii gidduu-galeessa godhatanii beekamummaa argataa dhufee jira. Tarkanfiileen wal-unatan akkanaa hubannoo bal'aa kan uuman

yoo ta'u, taatota (hirmaattota) mit-mootummaa ammo akka dursanii hirmaachuudhaaf onnee irraa kaka'an ni taasisa jedhamee ni eegama.

Egaan, haala akkanaa keessatti dha, adeemsa kenniinsa tajaajilaa bu'uura godhachuun hofkola baay'inaa fi qulqullinaa tarreessuudhaaf tooftaaleen hirmaachisaa ta'an kan akka KGL fi haala baajata fi baasii waliin jiru qo'achuu (Public Expenditure Tracking Study) kan hojiirra oolan.

1.4.TolfamaYaalii Qorannichaa

Pirojektiin qorannoo yaalii KGL Itoophiyaa keessatti gaggeeffame kun haala fooyya'iinsa tajaajila uummataa ilaalchisee muuxannoowwan gaarii addunyaa irratti argaman barbaadee arguudhaaf yaalii godhame dha. Pirojektii yaalii waan ta'eefis dameelee afur murteessaa ta'an irratti qofa xiyyeeffannoo kennee jira. Dameeleen kunis, tajaajiloota bishaan dhugaatii, fayyaa fi qulqullinaa, barnootaa fi ekisteenshinii qonnaati.

Haaluma wal-fakkaatuun, daangaan uwwisa iddoo pirojektichaa ammo kutaalee baaadiyaa afur fi naannoo magaalaa tokko qofa dha. Kutaaleen afranis Tigraay, Oromiyaa, Affaar fi Naannoo Sabaa fi Sab-Lammoota Kibbaa yoo ta'an, naannoon magaalaa qorannichaan ammatame ammo Bulchiinsa Dirree Dhawaati. Ragaan Affaar irraa sassaabame banaa fi kan jijijjiiramu waan ta'eef, xiinxalli fi qaaccessi qorannoo kanaa naannoo Affaar hin dabalatu. Haa ta'u iyyuu malee, rakkoon Affaar keessatti mudate adeemsa qorannichaatiif barumsa faayidaa qabu kennuudhaan darbeera.

Qorannoon kun hangam qorannoo sadarkaa jalqabaa (tokkoffaa) ta'u illee, gargaartoota adda addaatiif beekumsa kenneera, dandeettii isaaniis gabbiseera. Kana malees, agarsiistuuwwan imaammataa hubannoodhaan guutaman kan gargaartota warra tajaajila uummataa fooyyessuuf fedhii qaban fayyadan mul'iseera.

Pirojektiin qorannoo PANIn tolfamee hojiirra oole kun qaama tattaaffiiwwanii dhaabbatichi qaamoleen hawaasa sivilii adeemsa hordoffii misooma wal-irraa hin cinnee fi hiyyummaa hir'isuu (sanadii isa duraa) keessatti shoora cimaa akka qabaatan gochuun isa jalqabaa ti. Pabliik Afeersi Faawundeeshiin (PAF) kan jedhamu dhaaba teesson isaa Baangaloor (biyya Hindii) ta'e raawwii pirojektii kanaaf gargaarsa teekinikaa fi ogummaa kan godhe yoo ta'u, Mootummaa Gamtoomaniitti Sagantaan Misoomaa (UNDP) gargaarsa maallaqaa kennuudhaan pirojektiin kun akka yaadameen xumurameera.

Itti fufiinsi qorannoon KGL dandeettii qaamota biyya keessaaratti hundaa'a. Biyyoota baayyee keessatti qorannoo akkasii tolchanii hojiirra kan oolchan dhaabbilee dhuunfaa qorannoo irratti bu'aaf bobba'anii fi qoranichas gaggeessuuf human qaban akkasumas dhaabbilee barnoota olaanaatiin dha.

Dhaabiileen hawaasa sivilii biyyittii keessatti argaman qorannoo hirmaachisaa ta'an gaggeessuudhaaf humna kuufamaa kan qaban ta'uu mallattoowwan tokko tokko kan agarsiisan ta'uillee, qorannoowwan KGL fakkaatan gaggeessuudhaaf humna kan qabu dhaabbata biyya keessaa ilaalchisee garuu hanqinni jiraachuun isaa haqa ifatti mul'atu dha. Haa ta'u iyyuu malee, jaarmiyaaleen hawaasaa fi warri bu'aa irratti hundaa'an qorannoo gaggeessan wayita ammaa biyyaa keessatti argamuun isaanii akka carraa gaariitti ilaalamuu ni danda'a. Jechi kun dhugaa qabeessa ta'uun isaa sirritti kan baramu PANIn jabina gargaartota isaa garaagaraatti fayyadamuun dhabbata gamtaa hojii isaa gaggeessuu danda'u ta'ee argamuu isaati. Haa ta'u malee, dandeettiin dhaabbilee biyya keessaa qorannoo KGL gaggeessuuf gahaa akka hin taane PANIn waan hubateef jecha, dhaabbata Pabliik Afeersi Faawundeeshin jedhamu (PAF) biyya Hiindii irraa afeeruu danda'eera. Dhaabaticha afeeruudhaanis, leenjii leenjiistootaa walii-galteen irratti godhame itti fayyadamuudhaan akkasumas beekumsa tooftaa qorannoo leenjicha irraa argametti gargaaramuun, akkaataa KGL itti fayyadamanii qorannoo gaggeessan irratti humna dandeettii isaa cimsatee jira.

1.5.Tooftaa Qorannichaa

Qorannoon yaalii KGL kun akka kutaa teekinikaatti wal-duraa duubaan haala armaan gadiitti kaayyama.

Qaphxiilee qorannoo kanaan argamuu qaban gahee qabdoota waliin mari'achuudhaan (identify thematic areas through FGD) addaan baasuu

Inistrumentii sonichaa tolchuu ykn qopheessuu (design survey instruments). Kunis kan of-keessatti qabatu uunkaalee gaafannoo fi yaadannoo, hojiirra oolmaa isaanii qoruu, fi kkf dha.

Bakka qorannoon itti gaggeefamu ykn eddattoo filachuu (sampling)

Leenjii leenjiftootaa kennuu (training of trainers)

Qajeelfama ittiin funaantota ragaa filamanii fi leenjifaman qopheessuu (guideline for selecting & training enumerators)

Qorannoo dirree gageessuu (conduct field research)

Hojiin dirree bu'uura qajeelfama duraan qophaa'een gaggeeffamuu isaa to'achuu kan nama dandeessisu to'annaa adeemsaa gaggeessuu (process audit to check adherence of field essentials)

Wixinee adeemsisa raga qaaccessuu tolchuu fi ragaalee galchuu (design data processing templates & carrying out data entry)

Ragaalee qaaccessuu fi hiikuu (analysis & interpretation of findings)

Gabaasa barreessuu (report writing)

1.6. Yaadawwan Kallattii Qorannichaa Foo'uu

Dhimmoota fi qabatama qorannichaa isaan muummeeyyii fo'uudhaaf naannoo baadiyyaatti karaa marii yaada kennitoota wal fakkaatanii sakattaan gaggeeffamee jira. Kaayyoon sakatta'a marii yaada kennitoota wal-fakkaatanii kun qabxiilee qorannichaa murteessaa ta'an fi jijijjiirama qaban addaan foo'uu fi maxxansaalee qorannoo yaaliitiif oolan qopheessuuf dha. Hamma (hanga) wal-simannaa fi murteessummaa jijijjiiramtoota dursanii filamani addaan baasuuf (foo'uuf) jecha, gaaffileen dhaabbataa walitti babaasuuf nama gargaaran adeemsifamaniiru. Gaaffilee afarsaataa hamma tokko dhaabbata (kan hin jijjiiramne) ta'an fi akkasumas, gaaffiilee deebiidhaaf banaa ta'anitti fayyadamuudhaan walhidhata kan qaban qabxiilee fi ragaalee damicha ilaallatan sassaabuun danda'ameera.

Qophaa'iinsa tooftaalee ragaan xuxuqa waliigalaa (sarveeyii) itti sassaabamu mijeessuudhaaf tooftaa yaada wal-fakkaataa fi sanadoota dhiyyeenya irratti argaman ilaaluudhaan qabxiileen qorannichaa tokko tokko addaan bahaniiru. Meeshaaleen ragaan ittiin sassaabaman gara Afaan Oromoo, Tigirinyaa fi Amaarinyaatti hiikamaniiru.

Eddattoo Fo'uu/Maatiiwwan Eddattoo Fo'uu

Itoophiyaan naannoolee kudha tokko kan qabu yoo ta'u, naannooleen kunis of jalatti aanaalee kan qaban ta'ee, isaanis ammo bulchiinsawwan xixiqqoo, gandoota, of jalatti ammatu. Qorannoon kun walumaagalatti maatiiwwan eddattoo (saampe) 3900 irratti akka raawwatamuuf kaayyefamee ture, kunis biyyatti bakka bu'uuf akka dandeesisuuf ture. Tajaajilmtootni qorannichaa keessatti ammataman naannoo baadiyyaa afurii fi magaalaa tokko keessaa kan filaman dha. Naannooleen baadiyaa sadeen ammo Oromiyaa, naannoo Kibbaa fi Tigraay yammuu ta'an, isaanis bal'ina lafaa fi baay'ina uummataa waliigalaa biyyattii keessaa harka 85 ni uwwisu. Dirree Dhawaan

ammoo naannoo eddattoo magaalotaa bakka bu'ee filamuu danda'eera.

Gabatee 1: Baayyina Eddattoo naannoodhaan

Naannoo	Adeemsa Filannoo Eddattoo	Hanga eddattoo
Oromiyaa	Aanaalee tokko tokkoo keessaa gandoonni shan filamaniiru. Aanaa tokko keessaa maatiiwwan eddattoo 300 ta'an akkaataa baay'ina uummataa ganda tokko tokko keessa jiruutti gahee wal-qixa ta'ee akka argatan godhamee filamaniiru. Akkaataan filannoo maatiiwwanis tooftaa filannoo carra (random) itti gargaaramuun dha. Garuu, akkaataan filannoon haadha warrootaa ittiin gaggeeffame akkasumatti itti yaaddameetu ture (purposive).	1201
Tigraay	Aanaalee tokkoo tokkoon isaanii irraa gandoonni shan shan filamaniiru. Aanaa tokko keessaa maatiiwwan 450 akkaataa baay'ina uummataa ganda tokko tokkoo keessa jiruutti gahee wal-qixa ta'e akka argatan godhamee filamaniiru. Gandawwan filaman keessaa ammo maatiiwwan kan filaman tooftaa filannoo carraatti fayyadamuudhan.	838
Kibbaa	Aanaalee tokko tokkoo keessaa gandoonni torba tooftaa filannoo carraadhaan filamaniiru. Sana booda, maatiwwan 300 akkaataa baay'ina uummata ganda tokko tokkoo keessa jiruutti gahee wal-qixa ta'e akka argatan godhamee filamaniiru. Akkaataan filannoo maatiiwwanii ammo tooftaa filannoo carratti kan fayyadame dha.	594
Dirree Dhawaa	Gandoota jiran sagal keessaa, gandoonni lama filamaniiru. Maatiiwwan saamplii 600 ganda lamatti wal-qixa qooduudhaan gahee eddattoo wal-qixa ta'e akka argatan godhamee tooftaa filannoo carraadhaan gargaaramuun filamaniiru.	595
	Baay'ina waliigalaa gaafatamtoota eddattoo	**3,228**

Naannoolee filaman keessaa Oromiyaa malee naannoo tokko tokkoo irraa aanaleen lama lama akka filamuu danda'an karoora eddattoo

irraa hubachuun ni danda'ama. Naannoon Oromiyaa waan baayyinni uummataa isaa guddaa ta'eef aanaaleen afur akka ammataman taasifameera. Aanaaleen lama kan filaman handhuurawwan naannichaa irraa dhiyeenyi fi faginni isaan qaban hubannoo keessa galee yammuu ta'u, akkataan filannoo isaanii ammo tooftaa eddattoo carraa wal-qixaatti fayyadamuun dha. Aanaaleen naannicha keessatti argaman akka fageenyummaa yookaa dhiyeenyummaa isaaniitti ega qoqqoodamanii booda, aanaaleen warri dhuma irratti eddattoodhaan ammataman gosa lameenuu (warra fagoo fi dhihoo) keessaa tooftaa filannoo carradhaan filamaniiru. Adeemsi filannoo aanaalee fi gandoota naannoolee hundaa gabatee tokko (1) keessatti mul'ateera.

Qorannoo Dirree Gaggeessuu Ilaalchisee

Qorannoon kun kan gaggeeffame miseensota PANIn yoo ta'u, gareewwan adda addaa miseensota dirree qabatan gara dirretti akka bobba'an godhamee qorannoon dirree ji'a tokko keessatti gaggeeffameera. Itti aansee ammoo, to'annaan adeemsa hojii Affaar malee naannoolee warra kanbiroo hunda keessatti gaggeeffameera. Qindeessaan naannoo Affaar sababa rakkina meeshaalee hojii fi akkasumas gara Finfinnees dhufuu waan dadhabeef, kana malees, gorsitoota (PAF) waliin marii'achuu dhabuu isaa irraa kan ka'e to'annaa adeemsa hojii gaggeessuu hin dandeenye. Adeemsi to'annaa gaggeeffamee ture bal'inaan barreeffama kanaan wajjin miiltoo ta'ee dhiyyatee jira. Adeemsa to'annaa hojii dirree alatti, osoo qorannoon miseensota PANIn hingaggeeffamiin dura fi akkasumas bu'uura madaallii taa'eetiin adeemsa sirrii ta'e hordofee kan gaggeeffame ta'uu isaa mirkaneessuuf, kana malees, wayita qorannichi gaggeeffama jirus yaad-rimeewwan garaa garaa irratti karaa miseensota isaa ibsa kennuuf yaalameera.

Qaaccessa

Ragaaleen karaa gaafannoowwanii sassaabaman erga qaacceffamanii booda naannoolee hundaafuu tilmaamonni argamaniiru.Tilmaamonni naanoolee tokko tokkoo isaanii ilaallatan ammo akkaatumaa gahee maatiiwwan badiyaa tokko tokkoo isaaniitti ulfinni kennameefii, isa irraa ka'uun tilmaaminni baadiyaa kan biyyoolessaa shallagameera. Tilmaamonni kan magaalaa ammo qofaatti (addatti) dhiyyaataniiru.

1.7.Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun, qorannoon sarveeyii yaada tajaajilamtootaa xiinxaaluun gaggeeffamu hangam tajaajiloota humna hawaasaa irratti

xiyyeefatan hordofuudhaaf akka nama dandeessisu sakatta'uuf kan gaggeeffame qorannoo isa sadarkaa duraati. Sababa kanaatiin, argamaaleen (findings) qorannoon yaalii kun irra gahe (argate) agarsiistuuwwan kan waliigalaa yoo kan ta'an malee akka waan tajajiloota hunda guutummaa guutuutti bakka bu'uu danda'aniitti fudhatamuu hin danda'an. Kanaafuu, haalli akkanaa kun akka hanqina qorannichaa isa tokkootti fudhatamuu ni danda'a.

Haalli itti gammadina tajaajilaa, wanta fayyadamtootinni tajaajilicha irraa eegan wajjin fi akkasumas faayidaa tajaajiloonni qaban waliin cimsee kan wal-hidhate dha. Sababoonni isaa ammoo naannoo tookkoodhaa naannoo isa kabiratti garaa garummaa ni qabu. Garaagarummaan kun ammo sadarkaa itti gammadina (quufinsa) tajaajilaa waliigalatti shallagamee argame keessaa isa tokko qofa guddisee yookaa ammo kan naannoolee muraasa qofa guddisuu yookaa ammo hir'isuu irratti gahee mataa isaa ni qabaata. Haa ta'u iyyuu malee, bu'aan qorannichaa bifa waliigalaan waan ibsameef wanta kana hin agarsiisu. Haalli kun akka hanqina qorannichaatti fudhatamuu ni danda'a.

Amala Sirna Uummatummaa Maatiiwwan Eddattoo Qorannichaa

Qorannoo KGL kanaatiif kan eddattoodhaan filaman maatiiwwan 3829 naannoolee baadiyaa afur fi naannoo magaalaa tokko keessa jiraatan dha. Naannooleen shanan kun ammo Itoophiiyaa keessaa baay'ina uummataa %80 ol ta'u ni qabatu. Naannoolee Tigraay, Oromiyaa fi Naannoo Sabaa fi Sab-Lammoota Kibbaa keessatti baayyina maatii 6-10 kan qaban ta'uun ibsameera. Haalli sirna uummataa inni kabiraan ammo haala armaan gadiin wal-biratti madaalamee dhiyaateera.

Naannoolee gidduutti garaagarummaan dhiiraa fi dhalaa mul'ateera. Oromiyaa fi Dirree Dhaawaa keessatti baay'inni dubartootaa kan dhiiraa kan caalu yoo ta'u, naannoolee warra kanbiroo keessatti ammo kan mul'ate faallaa isaati. Haala umrii maatiiwwan eddattoodhaan filamanii yoo ilaallu qorannichaan warra ammataman keessaa umriin isaanii 60 ol kan ta'an muraasa dha. Kan dubartootaa ammo daraan xiqqaa dha. Maatiiwwan lakkoofsi isaanii hedduu ta'u kan jiraatan mana citaa keessa dha.

1.8.Baruumsaa fi haala Kenniinsa Tajaajila Isaa

Daa'imman baadiyyaa jiran keessaa gara dhibbeentaa 60 kan ta'an barnootaa hordofuu irratti argamu. Gama kanaan, Oromiyaan %66 qabaachuun tokkoffaa yoo ta'u, Naannoon Kibbaa ammo %58 qabaachuun itti aana. Kan Tigraay %51 dha. Kan Dirree Dhaawaa ammo daa'imman barataa jiran olaanaa (%88) akka ta'e beekameera.

Naannoolee hunda keessatti baay'inni daa'imman dhiiraa barnoota hordofan kan dubartootaa caalee argameera. Tigraay keessatti garagarummaan ariitii (hangi) barnoota addaan dhaabuu barattootaa dubartoota irratti guddaa ta'ee kan argame yoo ta'u, Naannoolee Kibbaa fi Oromiyaatti garuu gaad aanaa dha. Wanti guddisee nama ajaa'ibsiisu ammo, Dirree Dhaawaatti hangi ariitiin barnoota addaan kutuu kan naannoolee baadiyaa biyyittii wajjin yoo wal-bira qabamee ilaalamu irra caalaa ta'ee argamuu isaati.

Naannoolee baadiyaa keesssatti gonkuma warri barnoota baratanii hin beekne lakkoofsa waliigalaa keessaa yoo madaalamee ilaalamu kan Dirree Daawwaa ol ka'aa ta'uu isaati.

Dirree Dhawaa dabalatee, naannoolee hunda keessatti u ummata biyyiitii keessaa warri gonkuma barnoota baratanii hin beekne umriin isaanii 60 ol dha. Kun kan agarsiisuu waggootii as dhiyyoo jiran keessatti doofummaa balleessuu fi hirmaannaa barumsaa fooyyeessuuf tattaaffii fi tumsi godhamaa jiraachuu isaati. Ragaalee argaman irraa kaanee haala sadarkaa waliigalaa bu'aa barnootaa gama saalaatiin yoo ilaallu, qabxiilee baay'ee ajaa'ibsiisaa ta'an armaan gaditti dhiyyaatan baasuu ni dandeenya.

Naannolee hunda keessatti lammiiwwan biyyiitii barnoota gonkumaa hin barannee keessaa kan (gaheen) dubartootaa kan dhiiraa wajjin wal-bira qabamee yoo ilaalame guddaa dha.

Lammiiwwan biyyittii baadiyaa keessaa jiraatan keessaa barumsa sadarkaa gidduu galeessaa fi sadarkaa lammaffaa ol kan baratan hanga %3 qofa dha.

Gama biraatiin, garuu, naannoo magaalaa keessatti namoonni hakra sadii keessaa harka tokko ta'an sadarkaan barumsaa isaanii gidduu galeessaa fi sadarkaa lammaffatii ol dha.

1.9. Haala Fuudhaa fi Heerumaa

Baadiyyoota Itoophiyaa keessa uummata jiraatan keessaa warri umriin isaanii waggaa 16 ol ta'u %60 ol ta'an kan fuudhan fi heeruman dha. Dirree Dhawaatti ammo gaheen kun harkaa sadii keessaa harka tokkoon gad bu'aadha. Naannichatti dubartoonni hedduun abbaa warraa isaanii hiikan galmaa'aniiru. Garaagarummaan kun wanti nutti agarsisuu yoo wal-bira qabamee ilaalamu (kan baadiyaa fi magaalaa) naannoo baadiyaatti gaa'illi (wal-fuudhinsi) guddaan kan jiru ta'uu isaati.

1.10. Haala Hojii

Maatiiwwan baadiyaa jiraatan keessatti dubartootinni hojiiwwan baay'inaan mana keessatti hojjetaman kan hojjetan yoo ta'u, dhiirri ammo hojii qonnaa irratti bobba'anii argamaniiru.

1.11. Dhiyeessa Tajaajilootaa

Tajaajiloota baadiyyoota Itoophiyaa keessa jiran keessaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa gahee olaanaa ni qabu. Maatiiwwan eddattoodhaan filaman keessaa gara %83 kan ta'an manni barnootaa sadarkaa tokkoffaa ganda isaanii keessa kan jiru ta'uu dubbataniiru. Waan fedhe ta'us, gaheen kan Naannoo Sabaa fi Sab-Lammoota Kibbaa gad aanaa (%68) ta'ee argameera. Karaa biraa garuu, kan Naannoo Tigraay %99 ta'ee argameera.

Gama biraatiin dhiyeessi tajaajilawwan fayyaa mootummaa baay'ee yartuu ta'ee argameera. Waliigalatti, namoonni harka shan keessaa harka tokko qofa ta'an ganda isaanii keessaa tajaajillawwan fayyaa kan mootummaa ganda isaanii keessa kan jiru ta'uu ibsaniiru.

ARGAMOOTA QORANNICHAA DAMEEDHAAN

1.12. Damee Bishaan Dhugaatii

Yaadni qorannoo kana irraa argame akka agarsiisutti yoo ta'e, harka afur keessaa harka sadii kan ta'u uummanni baadiyaa bishaan dhugaatii fi bishaan tajaajila mana keessaa kan birootiif ta'u kan waraabbatu ujumoo irraa yookaa ammo madda bishaanii gabbate irraa osoo hin taane raatuu (haroo) fi maddoota bishaanii kan uumamaa irraatti.

Hanqina bishaanii ilaalchisee gaafatamtoota baadiyaa lama keessaa tokko (%56) rakkinni kan jiru ta'uu himaniiru. Haaluma wal-

fakkaatuun ammo, jiraattota magaalaa qoranichaatiin ammataman keessaa kan %49 ta'an rakkinni hanqina bishaanii kan isaan mudatu ta'uu dubbataniiru. Kanuma waliinis walqabatee, warri raatuu (haroo) irraa bishaan waraabbatan hedduun (%94) rakkoon hanqina bishaan dhugaatii kan isaan mudatu ta'uun kan beekame yammuu ta'u, isaan itti aanee ammo %85 fayyadamtoota bishaan ujumoo sirritti hin qabamne fi kan harkan socho'uu (romu'u) ta'aanii rakkinichi kan isaan mudatu ta'uu ibsaniiru. Warra bishaan ujumoo rom'uu fi sirrittis hin qabamnetti fayyadaman keessaa ammo %62 kan ta'an rakkoon kun (hanqina bishaan dhugaatii) kan isaan mudatu ta'uun beekameera.

Ragaan naannolee irraa argame akka agarsiisutti hanqini bishaan dhugaatii yeroo yerootti mudatu Naannoo Sabaa fi Sab-Lammoota Kibbaatti olaanaa (%78) dha. Itti aansee ammo Oromiyaa (%51) fi Tigraay (%40) keessatti ni mul'ata. Naamoota qorannoo eddattoodhaan ammatamanii rakkoon hanqina bishaanii kan jiru ta'uu dubbatan keessaa %54 kan ta'an sababuma rakkina kana irraa ka'een haala iddileedhaan bishaan ujumoo fi tooftaalee ammayyaa itti fayyadamuu irraa gara (gama) maddawwan bishaanii qulqullina hin qabnetti galgaluu isaanii dubbataniiru. Rakkinni akkanaa naanoolee hundatti akkuma waliigalatti uumamuu isaa hubachuun danda'ameera.

Wayita (waqtii) bishaan akka garaa argamu (yeroo roobaa fi jii'insa wajjin wal-qabatee) uummatinni harkaa sadii keessaa harki tokko bishaan kan argatu naannoo mana jireenyaa isaa meetira 300 keessatti dha. Haa ta'u iyyuu malee, haalli bishaan fageenya kana irratti ittiin argamuu danda'u waqtii rakkoon bishaanii uumamu (yeroo bonaa) sadarkaa olaanaadhaan ni hir'ata. Waqtii kana keessatti uummata baadiyyaa jiraatu keessaa dhibbeentaan 11 qofti manna jireenyaa isaa irraa fageenya naannoo meetira 300 keessatti bishaan akka argatu yaada deebii kennitootaa qorannichaan ammatamanii irra hubachuun danda'ameera.

Gaafatamtoota qorannichaan ammataman keessaa %44 hojii ujumoo suphuu irratti hirmaannaa kan qaban akka ta'e dubbataniiru.

Rakkoon xuraa'ina bishaan lageewwanii cimaa dhufuu isaa yaadinni hawaasa irraa argame ni muul'isa. Jiraattota baadiyaa waliigalaa eddattoodhaan fudhataman bishaan lagaa fayyaddaman keessaa, %70 rakkinni xuraa'inaa kun kan jiru ta'uu ifa godhaniiru. Haa ta'u malee, warra odeeffannoo kana keennan keessa warri muraasa ta'an qofti tooftaa bishaan ittiin calalanitti kan fayyadaman ta'uun beekameera.

Tajaajila bishaanii osoo wal-irraa hin kutiin argachuudhaaf bishaan ujumoo uummataa isaan amansiisaa ta'anii argamaniiru. Tajaajila bishaanii addaan hin cinnee ilaalchisee naannoodhaan yoo kan ilaallu taate, Tigraay sadarkaa olaanaa qabatee argama. Gaafatamtoota eddattoo naannoo Tigraay keessaa %64 kan ta'an ji'oota gannaa keessa bishaan ujumaa osoo addaan hin citiin kan argatan ta'uun beekameera. Kan Naannoo Sabaa fi Sab-Lammoota Kibbaa yoo ilaalle ammo, haalli kun naannichatti sadarkaa hamaarraa kan jiru ta'uu ni hubanna.

Bishaan akka garaa argachuu fi qulqullina bishaanii ilaalchisee raabsaawwan bishaanii kan uummataa gahee olaanaa kan qaban ta'un hubatameera.

Yaada uummataa tajaajila bishaanii irratti kenname irraa kaanee yoo ilaallu, waggootii lamaan dabran keessatti qulqullinni dhiyeessa bishaanii kan fooyya'aa dhufe ta'uu hubachuu ni dandeenya. Fooyya'iinsi kunis irraa caalaatti kan mul'atu raabsota bishaanii kan uummataa irratti dha.

Yoo haalli tajaajila bishaanii kan fooyya'u ta'e, kafaltii dabalataa bishaaniitiif kaffaluudhaaf qophaawwota ta'uu isaanii gaafatamtoonni eddattoo qorannichaan ammataman irraa guddaan dubbataniiru.

Haala tajaajila bishaanii fooyyessuu yoo barbaadame, wiirtuuwwan dhiyyeessa bishaan uummataa babal'isuudhaan fayyadamtoota haaraatiif tajaajilicha waliin gahuun akka barbaachisu yaadawwan dhimmicha irratti kennaman ni agarsiisu.

Agarsiistuuwwan Imaammataa

Yeroo Sagantaa Misooma Wal-irraa Hincinnee fi Hiyyummaa Hir'isuu isa duraa (SDPRP) hojiileen bishaan dhugaatii qulqulluu dhiyyeessuuf gaggeeffaman fooyya'iinsa guddaa fiduu danda'uun isaanii dhugaa ta'ullee, lammiiwwan baay'eef ammallee dhiyeessa bishaan qulqulluu argachuun dhimma akka malee nama yaachisu ta'ee itti fufee jira.

Wiirtuuwwan tajaajila raabsaa bishaanii uummataa babal'isuun alatti, amansiisummaa maddawwan bishaanii isaan uumamaa (lageewwan, burqaawwan qulqullina hin qabane fi raatuuwwan,) fooyyeessuun dhimma ariitiidhaan gaggeeffamuu qabu dha. Sababini isaas, wayita bonaa yammuu hanqinni bishaanii uumamu uummatinni lakkoofsa guddaa qabu kan fayyadamu isaanitti waan ta'eef dha.

Hawasinni bakka garaa garaa jiraatan yeroo bonaa wayita hanqini bishaanii uumamuu qulqullinni isaa hanga fedhe ta'ullee bishaan argatan kamittuu fayyadamuudhaaf gidiraan isaan argan jabaa dha. Kanaafuu, karoora jiran fi tooftaalee gamnummaa qaban atattamaan hojii irra oolchuudhaan wayita hamaa akkasii hawaasichi rakkina akka dandamatu gargaaruun baay'isee barbaachisaa dha.

Teeknooloojiiwwan haaraan qabeenya bishaanii itti fayyadamuuf nama gargaaran kan akka bishaan cimmisuu (kuusuu) addaan bahanii beekamanii wayita rakkinni hamaan dhufetti hojiirra ooluun isaan irra jiraata.

Ibsaawwan bishanitti fayyadaman kan fakkaatan waltajjiiwwan hawaasa hirmaachisan qindeessuudhaan hirmaanna uummataa dhugoomsuuf carraaqqii gochuun ni barbaachisa. Kana malees, waltajjiiwwan hirmaachisaa akkanaatti gargaaramuun hubannoo hawaasan guddisuudhaaf sagantaalee dhimma bishaanii irratti hawaasa dandamaqsanii fi kakaasan hojiirra oolchuun ni barbaachisa.

Bishaan banaa ta'an sadarkaa isaan xuraa'inaatiif itti saaxilaman teeknooloojii agarsiisuu fi akkasuuma teeknooloojii bishaan ittiin calalan ilaalchisee hanqinni akka jiru yaada kennitoota irraa hubatameera. Kanaafuu, yaada kan hubannoo keessaa galchuudhaan, fi rakkoon kunis hamaa ta'uun isaa beekuun meeshaaleen bishaan ittiin calaluu barachuuf (shaakaluuf) nama gargaaran bitamanii tajaajilaaf akka oolan gargaarsa kennuu kan dandeessisu kallattiin imaammataa tumamuu qaba.

Qorannoon sarveeyii kun haala amansiisaa dhiyyeessa bishaanii fi bishaan akka garaa argachuu ilaalchisee nannolee gidduutti garaagarummaan bal'aan jiraachuu isaa ifa baaseera. Garaagarummaa mul'atu kana ammo dhiphisuudhaaf, tarkaanfiiwwan sirreeffamaa ariitiidhaan fudhachuudhaan rakkinicha furuun ni barbaachisa.

Yaadinni uummata qorannichaan ammataman irraa tajaajilli bishaanii fooyyee qabu kan argamu yoo ta'e kafaltii dabalataa kaffaluudhaaf qophaawaadha jechuun dhiyyate yaada of-eeggannoodhaan ilaalamuu qabu dha. Gama kanaan, filannoon mul'attu inni tokko haawasinni naannoo buusii akka gaggeessu gochuudhaan fi buusichas mootummaan akka maallaqaan gargaaru taasiisuun hojiiwwan ujumoo dhiyyeessa bishaanii fooyyessuuf gargaaran xixiqqaan sadarkaa gandaatti akka dhaabbatan gochuudha.

1.13. Tajaajila Fayyaa fi Qulqullinaa

Dhukubinni busaa baadiyaa Itoophiyaa keessatti dhibee isa guddaa ta'uu isaa warri yaada kennan irra deddeebi'uun ciminaan ibsaniiru. Busaatti aanee ammo utaalloo fi qufaan warra daddabalamee maqaa dhahame dha.

Dhaabbiileen tajaajila fayyaa mootummaa kan yeroo baay'ee guutamanii argaman dhibamtoota fura barbaada dhufaniin dha. Haalli kun Naannoo Tigraay keessatti guddisee kan mul'atu yoo ta'u, Naannoo Sabaa fi Sab-lammoota Kibbaa fi Oromiyatti garuu yoo isa kan Tigraay wajjin walii bira qabamee madaalamu haalli itti tajaajilama dhaabbiilee fayyaa dhuunfaa fooyyee qaba.

Sababinni tajaajilamtoonni dhaabbiilee tajaajila fayyaa kan mootummaa itti tajaajilamuu hin barbaadneef isaan gurguddoon, dawaan waan hin jiraanneef, dhaabbileen iddoo fagootti waan argamaniif, akkasumas, sadarkaan qulqullina tajaajila isaaniitiis gad aanaa waan ta'eef dha.

Rakkoon inni mummeen hawaasa baadiyaa mudatu dhaabbiileen tajaajila fayyaa dhiyyenyaa irratti argamun dhabuu isaaniiti. Rakkoon kun Naannoo Tigraay keessatti irra hammaatee mul'ateera. Tigraay keessatti dhukubsataa keessaa %45 wal'aansaa argachuudhaaf mana isaanii irraa K.M 10 ol deemuun isaan irraa jiraata. Dhukubsattoota harka sadii keessaa harki lama gara dhaabbiilee tajaajila fayyaa kan deeman miilan (lafoo) dha.

Dhaabbilee tajaajila fayyaa kan mootummatiin wal'aanamanii fayyuudhaaf baasiin nama barbaachisu guddaa dha. Gatii qorichootaa ilaalchisee ammo garaa garummaan naannoolee gidduutti ni mul'ata.

Dooktorroonni fayyaa dhaabbilee tajaajila fayyaa keessatti baayinaan kan hin argamne ta'u illee, paaraameedikonni baayi'inaan akka argaman barameera.

Namoonni dhaabbiilee tajaajila fayyaa mootummaa irraa qoricha bilisaan fudhatan muraasa dha. Dhimmi kun imaammata fayyaa wayita ammaa hojiirra oolaa jiru wajjin kan wal-faalleessu waan ta'eef, sirriitti gad-fageenyaan ilaalamu qaba.

Baay'inni daa'imman taalaalli fudhataa jiranii baay'ee dabalaa kan dhufe ta'uu isaa yaadini kenname ni ibsa. Yaadinni kun sirna fayyaa mootummaan diriirsee jiruuf dhugumatti kan jajjabeessu dha. Gama Dirree Dawaadhaan garuu yaadinni dhimma kan ilaalchisee kenname

kan nama jajjabeessu miti. Kanaafuu, itti yaadamuu qaba. Tallaalli irratti garaa garummaan dhiiraa fi dhalaa gidduutti mu'latu dhimma xiyyeeffanoon itti kennamuu qabu dha.

Gaafatamtoota lama keessaa inni tokko fayyaa irratti gorsa fi odeeffannoo waliigala ta'e dhaabbilee tajaajila fayyaa irraa kan argatan ta'uu dubbataniiru. Gaafatamtoonni muraasinni ammo dhaabbiilee kana irraa gorsaa fi odeeffannoo dhimma dahiinsa to'achuu irratti argatanii akka beekan dubbataniiru.

Gaafatamtoonni toora %5o ta'aan gama tajaajila fayyaatiin guutummaa guutuutti gammaduu isaanii ibsaniiru. Agarsiistuwwan tajaajila fayyaa adda addaa irraa ka'uudhaan yoo ilaalamu, gammachuun tajaajila fayyaa inni olaanaan kan argamuu danda'e tajaajilamaan tokko waldhaanamuudhaaf dabree inni eeggatu fi akkasumas haala naamusa hojjetoota fayyaa hubannoo keessaa galchuudhaan.

Gaafatamtoota naannoo baadiyaatti argaman (jiraatan) keessaa %64 kan ta'an waggootii lamaan darban keessaa haalli kenniinsa tajaajila fayyaa fooyya'iinsa agarsiiseera jedhanii yaada kennaniiru. Yaadinni kun kan nama jajjabeessu dha. Fooyya'iinsi irraa guddaan kan argame Oromiyaatti ta'uun beekameera.

Gaafatamtoota baadiyaa harkaa sadii keessaa harka tokko gad kan ta'an mana fincaaniitti kan fayyadaman ta'uu ibsaniiru. Sababinni itti fayyadamuu dhabuu mana fincaanii inni muummeen ammo mana fincaanitti fayyadamuu wallaaluudha. Gaafatamtootinni harka afur irraa harka sadii ta'an kan akka sababaatti himan isuma kana dha.

Mana fincaanii uummataatti warra tajaajilaman keessaa walakkaa (cinaa) gad kan ta'an tajaajilchatti gammaduu isaanii dubbataniiru. Sababoonni mana fincaanitti gargaaramuu dhabuuf dhiyyaatan warri gurguddoon maneen fincaanii waan dhimphisaniif, irra issaaniitti guutamuu fi sababa ajaa'inati.

Walumaagalatti, ragaan baadyaa irraa argame kan agarsiisu waggootii lamaan darban keessatti tajaajilli qulqullinaa fooyya'aa dhufuu isaati.

Agarsiistuuwwan Imaammataa

Dhaabbileen tajaajila fayyaa iddoo jireenyaa irraa fagatuun isaanii dhimma guddisee nama yaachisu ta'aa jira. Kanaafuu, gidduugaleessawwan fayyaa fi kilinikoota sadarkaa tokkoffaa dabalataan guutuu biyyitti keessatti ijaaruun dhimma ariifachiisaa dha.

Yaadinni garaagarummaa gatii qorichaa ilaalchisee dhiyyaate imaammata biyyattiin qoricha irratti qabduu irra deebi'uudhaan akka ilaalamuu qabu kan nama yaadachiisuu dha.

Duulawwan hubannoo gabbisan haala qulqullina amansiisaa irratti gaggeessuu fi sirna jiru fooyyeessuun baay'ee barbaachisaa dha.

1.14. Barnoota

Barattonni baay'een manneen barumsaa mootummaa biyyittii iddoo gara garaatti argaman keessatti barataa jiru.

Baratoonni baay'een isaanii manneen barnoota isaanii mana jireenyaa isaanii irraa fageenya km 3 iratti argatu. Ta'us, Tigraay keessatti barattoonni harkaa sadii keessaa harki tokko ta'an mana barumsaa dhaquudhaaf km 5 ol fagaatanii deemuu qabu.

Manneen barumsaa keessa rakkoon bishaanii cimaan kan jiru ta'uu isaa qorannicha irraa baruun danda'ameera. Mana barumsaa isaanii keessa tajaajilli bishaanii kan jiru ta'uu isaa kan dubbatan barattoota baadiyaa qorannichaan ammatamaan keessaa harka sadii keessaa harka tokkoo gad kan ta'an dha.

Barsiisonni haala hojii baruu fi barsiisuu idilee isaanii irratti argaman ilaalchisee baay'ee gaarii akka ta'e ibsameera.

Tajaajila barnootaa argachuudhaaf kafaltiin kaffalame haala sadarkaa kutaadhaan garaagarummaa ni qaba. Kun ammo, imaammata barnootaa amma jiru keessaa tarii kutaaleen sakatta'umuu qaban kan jiran ta'uu nutti agarsiisa. Maatiiwwan barattootaa harka sadii keessaa harka tokkoo ol ta'an bulchiinsa mana barumsaa garaagaraatiif kaffaltii dabalataa kan kaffalan ta'uu yammuu ibsan, isaanuma keessaa ammo %17 kan ta'an baasii akkanaa baasuu kan danda'an dirqama waan isaanitti ta'eef dha.

Bulchiinsa manneen barnootaa keessatti hirmaannaan hawaasaa olaanaa dha. Garuu ammo, hirmaannaan godhamu kun bifa idileedhaan kan gaggeeffamu miti. Akkasumas, akkuma fedhetti kan raawwatamu dha. Waan kana ta'eefis, maatiiwwan qorannichaan ammataman keessaa kan lakkoofsi isaanii xiqqoo hin jedhamne koreewwan barsiisaa maatii keessatti gurmaa'anii kan beekan ta'uu dubbatan illee, maatiwwan baay'ee mursaanni qofti koree keessatti miseensa akka ta'an ibsaniiru.

Maatiiwwan barattootaa qulqullina barumsaa fi naamusa barsiisotaa ilaalchisee gammachuu kan qaban ta'uu ibsanillee, gama biraatiin

gammachuu isaan mana fincaanii fi gamoowwan ilaalchisee qaban gad aanaadha.

Agarsiistuuwwan Imaammataa

Gama qulqullina barnootaatiin garaagarummaan guddaan naannoolee gidduutti kan mul'atu ta'uu isaa qorannichi mul'iseera.

Haala amansiisaatiin bishaan manneen barnootaaf dhiyyeessuu ilaalchisee hojiin misooma bu'uuraa bishaanii murteessaan manneen barnootaa keessatti fooyya'uu qaba.

Kaffaltiin ji'aa manneen barnootaatiif kaffalamu mana barumsaa tokkoo irraa isa garabiraatti garaagarummaa bal'aa waan qabuuf, imaammatawwan amma hojiirra jiran irra deebi'uudhaan xiinxaaluu fi sadarkaa manneen barnootaa dhuunfaa fi naamusa ilaalchisee murtii dabarsuun ni barbaachisa.

Sababinni lakkoofsi gad aanaan miseensummaa koreewwan barsiisaa maatii keessatti mul'atuu danda'e qoratamee beekamuu qaba. Gama biraatiin ammo, koree barsiisaa maatii ala tooftaan hirmaannaa hawaasaa daran guddisuu danda'u yoo jiraatee bu'aa qabeessummaan isaa ilaalamee jajjabaachuu qaba.

1.15. Tajaajila Ekisteenshinii Qonnaa

Hojiilee galii argamsiisan keessaa hojiin midhaan oomishauu fi loon horsiisuu warra kanbiroo caalaatti babal'atanii kan jiran ta'uun galmaa'eera.

Deeggarsi qoteebuloonni gama ekistenshiniidhaan argatan mala midhaan oomishuu irratti yoo ta'u, bakka buutonni ekisteenshinii mootummaa qoteebulonni odeeffannoo akka argatan gochuu fi dandeettii haaraa adda addaa akka gabbifatan gochuu irratti gahee olaanaa ni qabu.

Bittaa fi gurgurtaa bu'aalee qonnaa fi akkasumas dhiyeessa ciicatootaa (inputs) ilaalchisee deeggarsi godhamu laafaa ta'uun beekameera.

Qotee buloonni baay'een, bakka buutonni ekisteenshinni ganda isaan keessa kan jiran ta'uu dubbataniiru. Garuu, qoteebuloonni tajaajilicha argatan xiqqaa dha.

Biyya diinagdee harkaa-gara-afaaniidhaan beekamtu kana keessatti, qoteebuloonni %26 hojii qonnaa fi kan isa fakkaatan irratti liqii argachuu isaanii ifa godhaniiru. Maddoonni liqiiwwan kanaa ammoo naannoolee keessatti adda addumaa ni qabaatu. Liqii argachuudhaaf

gara dhaabbiilee mootummaa kan dhaqan qoteebuloota haalan (baayee) muraasa dha. Isaan keessaa, garuu, irra guddaan isaanii rakkoon jabaan osoo isaan hin mudatiin liqicha argachuu isaanii ibsaniiru.

Wal-bituu fi gurguruun kan barameeru yoo ta'u, deeggarsi gabaa idilee ta'e gonkuma waan hin jirre fakkaata. Oomisha isaaniitiif gatii sirrii akka argatan kan dubbatan %37 kan ta'an qofa dha. Ta'us, gatii gabaa yeroo yerotti jiru ilaalchisee beekumsi isaan qaban guddaa dha.

Maatiiwwan baadiyaatti argaman keessaa kan %10 ta'an sababa hanqina nyaataatiin iddoo jiran irraa ni godaanu. Kan Sabaa fi Sab-Lammoota Kibaa godaanan ammo %15 ta'uun warra kanbiroo caalee argameera.

Qoteebulaawwan %50 ta'an badiinsi miidhaanii fi dhuminsi loonii kan isaan mudatu ta'uu ibsaniiru.

Hojjetoota ekisteenshinii ilaalchisee yaadinni kenname, tajaajilli karaa hojjetootaa kennamu barbaachisaa, yeroo kan namaaf qusatu fi faayidaa qabeessa ta'uu isbsee jira. Tajaajiloonni kun gahaa dha jechuun yaada kan kennan garuu %56 qofaa dha.

Gama tajaajila ekisteenshinii qonnaatiin, gammachuun jiru gad aanaa ta'u illee, waggootii lamaan darba keessatti fooyya'iinsi argameera jechuun gaafatamtoonni baadiyaa ibsaniiru.

Tajaajila ekisteenshiin daran fooyyeessuudhaaf hojii hojjetamuu qabu ilaalchisee yaadinni kennaman baay'een isaanii gatii xaa'oo fooyyeessuu kan jedhu wajjin wal-qabatu.

Agarsiistuuwwan Imaammataa

Qannaa fi hojiwwan kanbiroon qonnaa wajjin wal-hidhata qaban jireenya baadiyaa fooyyessuudhaaf isaan murteessaa waan ta'aniif, tajaajilli ekisteenshinii qonnaa baay'ee barbaachisaa dha. Hojjetootinni ekisteenshiinii qoteebulaadhaaf beekumsa teeknikaa kennuu irratti fi beekumsichis qaama isaanii wajjin akka wal-fudhatu gochuu irratti gaheen isaa qaban olaanaa ta'uu isaa qorannoon kun mul'iseera. Ta'us, wiirtuu hojjetoota ekisteenshinii amma jiru babal'isuun akka barbaachisu yaadinni cimaan jiraachuu isaa qorannichi ni agarsiisa.

Oomishtoonni qonnaa gabaa akka argatan fi qoteebuloonni tajaajila liqiitti akka fayyadaman deegarsa gochuun dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu dha. Gama biraatiin ammo, qoteebullonni oomishoota

isaaniitiif gatii gaarii hin arganne jedhanii kan yaadan ta'uun barameera. Kun dhimma sakatta'amuu qabu dha.

Qoteebulloonni harki guddaan sababa adda addaatiin yeroo yerootti oomishaa fi loon isaanii kan dhaban akka ta'e dubbataniiru. Sirna wabii diriirsuudhaan hojiirra oolchuun kan barbaachisu ta'uu wanta kan irraa hubachuu ni dandeenya.

4. Dameeleen fi Naannooleen Akkamiin Madaallamu

Qorannoon yaalii KGL kun naannoolee afur (naannolee baadiyaa sadii fi magaalaa tokko) keessatti tajaajiloota humna irratti xiyyeeffatan ilaalchisee bu'aalee bal'aa ta'an fi xiyyeeffannoo kennan agarsiisuu danda'eera. Kutaa xiqqaa kana keessatti, adeemsa itti fayyadama tajaajilootaa, haala itti fayyadama tajaajilootaa, qulqullina tajaajilootaa yookaa ammo amansiisummaa isaanii fi haala sadarkaa waliigalatti itti gammadiinsa kenninsa tajaajilaa ilaalchisee madaalliwwan lakkoofsaan ibsaman fi hin ibsamne itti fayyadamuun tajaajiloota afran wal-dorgomsiisuuf yaaliin godhameera.

I .Carraa Ittifaayyadamaa Tajaajilaa Ta'uu Argachuu

Wiirtuuwwan misooma bu'uuraa isaan murteessaa jiraachuun isaanii fi itti fayyadamaa tajaajilootaa ta'uuf carraan jiru, bu'aa qabeessummaa tajaajiloota uummataa madaaluudhaaf agarsiistuuwwan isaan gaarii ta'uu ni danda'u. Agarsiistuuwwan carraa (haala) itti fayyadamaa tajaajiloota afranii (tokkoo tokkoo isaanii irratti) ta'uuf jiru agarsiisan (kan hojii kanaatiif filaman) isaan armaan gaditti dhiyyaatan dha.

Tajaajiloota fayyaa ilaalchisee : Gahee baay'ina (hanga) namoota tajaajila fayyaa mana isaaniirraa fageenya km 3 irratti akka argatan dubbatan kan gaafatamtoota waliigalarraa.

Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa (Duraa) Ilaalchisee: Baay'ina namootaa yaada kennan waliigalaa irraa gaheen (baay'ina) namootaa ganda isaanii keessa manni barnoota jira jechuun dubbatanii.

Tajaajila Ekisteenshinii Qonnaa: Baay'ina namootaa (gaafatamtoota) waliigalaa irraa gahee (baay'ina) namoota ganda keenya keessatti hojjetaan (bakka bu'aan) ekisteenshiinii ramadameera jechuun dubbatanii.

II. Haala Ittifayyadama Tajaajiloota Dhaabbiilee Tajaajila Uummataa

Akkuma ibsa haala itti fayyadama tajaajiloota uummataa agarsiisu irraa hubachuun danda'amutti hangam tokko lammiiwwan jireenyi isaanii tajaajiloota akkana irratti akka hunda'ee jiru baruun ni danda'ama. Kana malees, tajaajiloota uummataa alatti carraawwan tajaajilaa kanbiroon hangam akka jiran odeeffannoo argachuun ni danda'ama. Madaltuuwwan tajajilamummaa haala (carraa) itti fayyadama tajaajilootaa agarsiisan armaan gaditti dhiyyaatan,

qorannicha keessatti meeshaa qaaceessaa ta'anii faayidaa irra oolaniiru. Madaltuuwwan tajaajilamummaa kan gosa tajaajila tokko tokkoo warra as gaditti dhiyyaatan dha.

Bishaan dhugaatii: Baay'ina itti faayyadamtoota dhaabbiilee bishaanii kan mootummaa (boonoo, paampiiwwan harkaa fi ujumaa bishaanii kan manaa) dhibbentaadhaan.

Tajaajila Fayyaa: Baay'ina tajaajilamtoota dhaabbiilee fayyaa kan uummataa dhibbeentaadhaan.

Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa: Baay'ina tajaajilamtoota manneen barnootaa uummataa dhibbeentaadhaan.

Tajaajila Ekisteenshinii Qonnaa: Gahee baay'ina maatiwwan tajaajila ekisteenshinii qonnaa waajiiraalee qonnaatiin kennamanitti fayyadaman kan baay'ina maatiiwwan waliigalaarraa.

III. Qulqullummaa (Amansiisummaa) Tajaajiloota Uummataa

Yammuu sadarkaa qulqullinaa (amansiisummaa) tajaajiloota uummataa baruuf barbaachisu, madaalliwwan teeknikaa sirriitti ilamanii ta'an hojiirra ni oolu. Fakkeenyaaf, maddootinni bishaan lafa jalaa hangam kaalooriidhaan akka xuraa'an (laaqaman) ilaalchisee tooftaawwan kan akka yaalii mirkaaneessaa Naaytireetii hojiirra oolchuu. Tooftaawwan kan fedhii barattoonni sadarkaa tokkooffaa qaban madaaluuf gargaaru tooftaa yaalii mirkaneessaa Fiixaan Bahiinsa Barataa kan fakkaatanis hojiirra oolchuun ni danda'ama.

Tooftaaleen (malloonni) kun qulqullummaa (sadarkaa amansiisummaa) tajaajila tokkoo kan maadaalan tajaajilota bu'uura godhuudhaan malee tajaajilamtoota irratti hundaa'un miti. Maloota madaallii akkanaatti fayyadamuun kan baay'inaan barame dha. Gara biraatiin, tajaajila tokko yoo tajaajilamaa irraatti hundoofnee kan madaallu ta'e dhugaan jiru adda ta'a. Fakkeenyaaf, tajaajilamtoonni xiqqoo hin taane tajaajila tokko osoo wal-irraa hin citiin argachuun dhimma isa ijoo ittiin qulqullummaan tajaajilaa madaalamu akka ta'e amanu. Qaaceessa qorannoo kanaa gaggeessuuf jecha agarsiistuuwwan tajaajilamtoota bu'uura godhatan (gama tajaajilamtootaan ilaalaman) akka agarsiisuuwwanitti fudhatamaniiru. **Isaans warra kana dha:**

Bishaan dhugaatii: Gahee baay'inni namoota bishaan akka garaa (osoo wal-irraa hincitiin) arganna jedhanii baay'ina waliigalaa namoota gaafatamanii irraa qabu.

Tajaajila Fayyaa: Gahee baay'inni namoota dhaabbiilee tajaajila fayyaa mootummatti yaalamnee fura (fayyaa) arganneerra jedhanii baay'inna waliigalaa namoota gaafatamanii irraa qabu.

Tajaajila Ekisteenshinii Qonnaa: Gahee baay'ina namoota tajaajilli hojjetoota ekisteenshiniidhaan kennamu gahaa, kan yeroo isaa eeggate, barbaachisaa fi faayidaa qabeessadha jedhaanii dubbatanii baay'ina waliigalaa namoota gaafatamanii keessaa.

IV. Haala Itti Gammachuu Tajaajiloota Mootummaa

Jechi gammachuu jedhu madaallii tajaajilamtoonni akkaataa raawwii tajaajila tokkoo ilaalchisee kennan kan ibsu dha. Qorannoon kun kan dhiyyeesse qabxii gidduu galeessaa ida'ama sadarkaalee itti gammachuu tajaajiloota garaa garaa ta'uu illee, qabxiileen (bu'aaleen) qaacceessa qorannoo kanaatiif hojiirra oolan guutammaa guututti itti gammachuu tajaajlootaa kan agarsiisan dha.

Ramaddii sadarkaa waliigaalaatiif jecha, qabxiileen ida'amaa tokkoo tokkoo tajaajilaatiif ulfinni irra guddaan kennamee galmaa'an tolfamaniiru.

Ramadiin sadarkaa dameelee akka agarsiisutti dameen barnootaa dursummaa qabatee argameera. Tajaajilli ekisteenshinii qonnaa sadarkaa lammaffaa, tajaajilli fayyaa sadaffaa fi kan bishaan dhugaatii ammo sadarkaa afraffaa qabataniiru.

Ramaddiin sadarkaa naannoolee ammo anaannoon Tigraay tokkoffaa, Oromiyaan lammaffaa fi Nannoon Sabaa fi Sab-lammoota Kibbaa sadarkaa sadaffaa irratti kan argaman ta'uu agarsiiseera.

Miltoo: Gabatee 2-9

Gabatee 2: Sadarkaa Ittin Gammachuu Gahiinsa (hanga bishaanii Gosa maddaatiin)

(Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

Madda Bishaanii		Tigraay	Oromiyaa	NSUKI(SNNPR)	Ida'ama Kanbadiyan	Diree Dawaa
Laga	Guutummaa guutuutti	14.0	26.9	17.2	21.4	
	Sadarkaa murta'e	10.6	4.8	3.7	5.4	
	Itti hin gammadne	75.4	68.3	79.1	73.2	
Buraawwan Kunuunfaman	Guutummaa guutuutti	90.0	60.3	54.5	60.1	
	Sadarkaa murta'e		6.6	9.1	6.9	
	Itti hin gammadne	10.0	33.1	36.4	33.0	
Buraawwan hin Kunuunfaman	Guutummaa guutuutti	27.8	24.4	16.7	24.4	
	Sadarkaa murta'e	7.9	4.5	16.7	5.3	
	Itti hin gammadne	64.4	71.1	66.7	70.3	
Haroo (raatuu)	Guutummaa guutuutti		16.9	1.3	7.6	
	Sadarkaa murta'e	33.3	5.1	0.6	2.3	
	Itti hin gammadne	66.7	78.0	98.1	90.1	
Ujumoo Bishaanii harkaan socho'u (kan Kunuunfamu)	Guutummaa guutuutti	33.3	95.0	18.2	76.1	
	Sadarkaa murta'e		0.0	9.1	2.2	
	Itti hin gammadne	66.7	5.0	72.7	21.7	

Ujumoo Bishaanii harkaan socho'u (kan hin Kunuunfamu)	Guutummaa guutuutti	66.7	16.7	1.4	3.6	
	Sadarkaa murta'e	33.3	16.7	4.1	6.0	
	Itti hin gammadne		66.7	94.5	90.5	
Raabsaa Bishaan uummataa ujumoodhaan	Guutummaa guutuutti	91.0	90.7	94.2	91.6	96.9
	Sadarkaa murta'e	4.0	6.7	1.4	4.9	1.0
	Itti hin gammadne	5.0	2.7	4.3	3.5	2.0
Raabsaa Bishaanii uummataa harkaan hojjetan	Guutummaa guutuutti	80.1		86.2	77.0	
	Sadarkaa murta'e	5.9	50.0	6.9	8.8	
	Itti hin gammadne	14.0	50.0	6.9	14.2	
Boorehooli (bishaan lafa keessaa humnaan harkifanee bahu)	Guutummaa guutuutti				0.0	
	Sadarkaa murta'e				0.0	
	Itti hin gammadne	100.0			100.0	
Warra bishaan naanneessee gurguru irraa kan bitamu	Guutummaa guutuutti		100.0	100.0	100.0	89.5
	Sadarkaa murta'e				0.0	5.7
	Itti hin gammadne				0.0	4.8
Bishaan ujumoo kan manaa	Guutummaa guutuutti		100.0	100.0	100.0	96.2
	Sadarkaa murta'e			0.0	0.0	2.8
	Itti hin gammadne			0.0	0.0	0.9

Gabatee 3: Sadarkaa Qulqullinaa Bishaaniiffi Gammachuu Mul'atu Gosa madda bishaaniitiin

(Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

Madda Bishaanii		Tigraay	Oromiyaa	NSUKI (SNNPR)	Ida'ama Kanbadiyan	Diree Dawaa
Laga	Guutummaa guutuutti	14.0	26.9	17.2	21.4	
	Sadarkaa murta'e	10.6	4.8	3.7	5.4	
	Itti hin gammadne	75.4	68.3	79.1	73.2	
Buraawwan Kunuunfaman	Guutummaa guutuutti	90.0	60.3	54.5	60.1	
	Sadarkaa murta'e		6.6	9.1	6.9	
	Itti hin gammadne	10.0	33.1	36.4	33.0	
Buraawwan hin Kunuunfaman	Guutummaa guutuutti	27.8	24.4	16.7	24.4	
	Sadarkaa murta'e	7.9	4.5	16.7	5.3	
	Itti hin gammadne	64.4	71.1	66.7	70.3	
Haroo (raatuu)	Guutummaa guutuutti		16.9	1.3	7.6	
	Sadarkaa murta'e	33.3	5.1	0.6	2.3	
	Itti hin gammadne	66.7	78.0	98.1	90.1	
Ujumoo Bishaanii harkaan socho'u (kan Kunuunfamu)	Guutummaa guutuutti	33.3	95.0	18.2	76.1	
	Sadarkaa murta'e		0.0	9.1	2.2	
	Itti hin gammadne	66.7	5.0	72.7	21.7	

Ujumoo Bishaanii harkaan socho'u (kan hin Kunuunfamu)	Guutummaa guutuutti	66.7	16.7	1.4	3.6	
	Sadarkaa murta'e	33.3	16.7	4.1	6.0	
	Itti hin gammadne		66.7	94.5	90.5	
Raabsaa Bishaan uummataa ujumoodhaan	Guutummaa guutuutti	91.0	90.7	94.2	91.6	96.9
	Sadarkaa murta'e	4.0	6.7	1.4	4.9	1.0
	Itti hin gammadne	5.0	2.7	4.3	3.5	2.0
Raabsaa Bishaanii uummataa harkaan hojjetan	Guutummaa guutuutti	80.1		86.2	77.0	
	Sadarkaa murta'e	5.9	50.0	6.9	8.8	
	Itti hin gammadne	14.0	50.0	6.9	14.2	
Boorehooli (bishaan lafa keessaa humnaan harkifanee bahu)	Guutummaa guutuutti				0.0	
	Sadarkaa murta'e				0.0	
	Itti hin gammadne	100.0			100.0	
Warra bishaan naanneessee gurguru irraa kan bitamu	Guutummaa guutuutti		100.0	100.0	100.0	89.5
	Sadarkaa murta'e				0.0	5.7
	Itti hin gammadne				0.0	4.8
Bishaan ujumoo kan manaa	Guutummaa guutuutti		100.0	100.0	100.0	96.2
	Sadarkaa murta'e			0.0	0.0	2.8
	Itti hin gammadne			0.0	0.0	0.9

Gabatee 4: Sadarkaa Itti Gammachuu Tajaajiloota Dhaabbiilee Fayyaa Moootummaa Naannoodhaan

(Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

		Tigraay	Oromiyaa	NSUKI(SNNPR)	Ida'ama Kanbadiyan	Diree Dawaa
Waldhaanamuuf yeroo fudhate	Guutummaa guutuutti	78.5	53.8	57.3	56.7	62.8
	Sadarkaa murta'e	11.0	36.3	23.6	35.8	22.2
	Itti hin gammadne	10.5	9.9	19.1	11.8	15.0
Amala(naamusa) hojjetootaa (dooktarootaa)	Guutummaa guutuutti	79.5	55.5	57.7	58.1	59.9
	Sadarkaa murta'e	9.1	35.2	23.2	30.4	27.1
	Itti hin gammadne	11.4	9.3	19.1	11.5	13.0
Hojjetootinni nama gargaaruuf fedhii isaan qaban	Guutummaa guutuutti	67.3	53.0	67.1	57.0	59.5
	Sadarkaa murta'e	22.4	36.7	26.4	33.5	24.7
	Itti hin gammadne	10.3	10.3	6.5	9.5	15.8
Gammachuu Waliigalaa	Guutummaa guutuutti	54.2	49.6	46.4	49.3	46.6
	Sadarkaa murta'e	31.3	34.8	33.7	34.3	12.9
	Itti hin gammadne	14.5	15.6	19.9	16.4	40.5
Baay. Isa gad aanan		419	506	246	1171	247

Bay= Baay'ina Waliigalaa deebistoota gaaffii

Gabatee 5: Sadarkaa Qulqullinaa Itti Gammachuu Tajaajiloota Qulqullina Naannoo

(Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

	Tigraay	Oromiyaa	NSUKI (SNNPR)	Ida'ama Kanbadiyan	Diree Dawaa
Guutummaa guutuutti	57.6	45.0	44.8	46.7	25.8
Sadarkaa murta'e	25.6	21.6	23.3	22.6	13.9
Itti hin gammadne	16.8	33.4	31.9	30.7	60.3
Baay.	833	569	417	1819	589

Gabatee 6: Sadarkaa Ittin Gammachuu Tajaajiloota Manneen Barnootaa (Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

		Tigraay	Oromiyaa	NSUKI (SNNPR)	Ida'ama Kanbadiyan	Diree Dawaa
Qulqullina barsiisuu	Guutummaa guutuutti	86.5	67.8	75.3	69.6	76.0
	Sadarkaa murta'e	11.1	27.1	19.7	25.4	11.6
	Itti hin gammadne	2.4	5.1	5.0	5.0	12.4
Ijaarsa manneen barnootaa	Guutummaa guutuutti	67.5	51.2	58.4	53.9	80.4
	Sadarkaa murta'e	23.1	23.9	20.0	23.2	9.6
	Itti hin gammadne	9.4	24.9	21.6	23.0	10.0
Mana fincaanii	Guutummaa guutuutti	49.2	58.3	75.3	60.5	69.2
	Sadarkaa murta'e	13.7	29.9	14.7	25.7	12.4
	Itti hin gammadne	37.8	11.9	10.0	13.8	18.4
Amala barsiisotaa	Guutummaa guutuutti	90.4	70.6	78.1	73.0	73.2
	Sadarkaa murta'e	8.0	25.1	16.3	22.4	16.0
	Itti hin gammadne	1.7	4.4	5.6	4.6	10.8
Itti gammachuu kan waliigalaa	Guutummaa guutuutti	41.2	59.3	55.6	53.9	71.6
	Sadarkaa murta'e	53.3	35.2	41.3	36.2	13.6
	Itti hin gammadne	5.5	5.4	3.1	4.8	14.8
Baay.		415	690	320	1425	250

Gabatee 7: Sadarkaa Ittin Gammachuu Qulqullina Tajaajiloota Ekisteenshinii

(Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

	Baay.	Guutummaa guutuutti	Sadarkaa murta'e	Itti hin gammadne
Tigraay	835	41.6	40.4	18.0
Oromiyaa	1187	24.3	30.7	44.9
NSUKI (SNNPR)	584	7.9	26.2	65.9
Ida'ama Kanbadiyan	2957	22.3	30.6	47.1

Bay= Baay'ina Waliigalaa deebistoota gaaffii

Gabatee 8: Akkataa dameeleen naannoo naannoodhaan Qortaman Ittiin Madaalaman: Qabxii Sadarkaa Waliigalaa

(Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

Dameelee/ Qabxiiwwan	Tigraay	Sadarkaa	Oromiyaa	Sadarkaa	NSUKI (SNNPR)	Sadarkaa	Qabxii dimishaashaa kan baadiyaa	Sadarkaa Qabxii Waliigalaa Dameelee
Bishaan dhugaatii	54.0	4	51.2	4	38.4	4	47.3	4
Fayyaa	65.5	3	55.5	3	58.0	2	57.4	3
Barnoota	72.0	2	76.6	1	73.5	1	75.4	1
Ekisteenshinii Qonnaa	78.0	1	66.8	2	51.6	3	63.0	2

Gabatee 9: Akkataa Naannooleen Damee Dameedhaan Ittiin Madaalaman: Qabxii Sadarkaa Waliigalaa

(Lak. Hunda dhibbeentaadhaan)

Dameelee/ Qabxiiwwan	Bishaan dhugaatii	Sadarkaa	Fayyaa	Sadarkaa	Barnoota	Sadarkaa	Ekisteenshinii Qonnaa	Sadarkaa	Qabxii dimishaashaa kan baadiyaa	Sadarkaa Qabxii Waliigalaa Naannooleen
Tigraay	54.0	1	65.5	1	72.0	3	78.0	1	6.0	1
Oromiyaa	51.2	2	55.5	3	76.6	1	66.8	2	8.0	2
NSUKI (SNNPR)	38.4	3	58.0	2	73.5	2	51.6	3	10.0	3

Poovartii Aakshin Neetwoork Itoophiyaa (PANI)

Dhaabni Poovartii Aakshin Neetwork Itoophiyaa (PANI) jedhamee beekamu kun dhaabbata hawaasa siviilii 70 ol ta'anii fi hiyyummaa hir'isuurratti bal'inaan hojjatan of-keessatti kan hammate dha. Dhaabni kun caalatti hawaasa siviilii qindeessuudhaan qopheefama, raawatinsa, fi gamagama adeemsa Tarsimoo Hiyyummaa Hir'isu (PRSP) akkasumas haala raawwatinsa Galma Misooma Jaarraa (MDG) irratti xiyyeefatee kan socho'u dha. Kaayyoo isaas bakkaan ga'uuf tooftaalee itti fayyadamu keessaa kan akka qorannoo gaggeessuu, imaammata qaaccessuu, hojiin adivookeesii fi muuxannoo/odeefannoo walii-hiruun ni caqasamuu. PANIn tooftaa mirga giddu-galeessa (right-based approach) godhatee hojjatu yoo ta'u, ergama inni raawwatu keessaa kan akka hawaasa jajjabeessuu, haala hawaasni qopheefama, raawatiinsa fi gamagama imaammataarratti hirmaachuu danda'u mijeessuudhaan sagaleen isaanii haala itti dhaga'amu uumuu, akkasumas akka hawaasi siviilii, mootummaan fi dhaabileen gargaartotaa hawaasa hiyyeeyyiif itti gaafatummaa fudhatan gochuu dha. Miseensi PANI hawaasa siviilii bal'aa of-keessatti qabata. Isaanis, dhaabbilee mit-mootummaa biyya keessaa fi biyya alaa, akkasumas qindoomina dhaabbileewwan kanaa, dhaabbilee qorannoo dhuunfaa, dhaabbilee amantii, waldaa dubartootaa akkasumas dargaggootaa, dhaaba hawaasa giddu-galeessa godhatanii fi chaaptarii naannoowwanirratti dhaabaman waamamuu danda'u. Hundeefamni PANI beekaminsa Sagantaa Hiyyummaa Hir'isuu (launch of PRSP) biyyatti keessatti raawwateen kan wal-qabatu dha. Qopheefamni sagantaa kanaa hirmaannaa hawaasa siviiliif iddoo waan kennuuf dhaabbileen hawaasa siviilii akka carraa tokkootti fudhachuudhaan koree bakka isaanii bu'ee hirmaannaa isaanii jajjabeessuu danda'u 'NGO PRSP TaskForce' kan jedhamu bara 2001 tti dhaabame. Miseensonni dhaaba kanaa waan ballinaan dabalaa deemee fi fedhiin hawaasni ciminaan qopheefama, raawatinsa akkasumas gamagama sagantaa kanaarratti hirmaachuuf qaburratti hundaa'uudhaan dhaba kan gara qindoomina mataa

isaa danda'etti guddisuun barbaachisaa waan tureef PANIn bara 2004 tti akka haarawaattin hundeefame.

Hanga ammaatti PANIn bu'aa karaa hirmaannaa hawaasa siviilii cimsuun jiru baayyee buuseera. Gabaasa raawatinsa Sagantaa Hiyyummaa Hir'isuu mootummaan qopheesserratti marii taasisuudhaan, fooyya'insa isaaf gabaasa qopheessee mootummaaf galcheera. Qopheefama Sagantaa Misooma Walirraa Hin Cinneen Hiyyummaa Baleessuu (PASDEP) kanaafis yaada karaa hawaasa siviilii jiru qopheessuudhaan mootummaaf galcheera. Kana birattis babalina beekumsa sagantaa kanaa fi Galmawwan Misooma Jaarraa (MDGs) kanaaf yaa'ii adda addaa sadarkaa aanaa fi naannootti akkasumas magaalotaatti qopheessuudhaan barumsa kennaa jira. Biyyattiiti tooftaa haarawaa haa ta'u iyyuu malee, PANIn Kaardii Gabaasa Lammiiwwanii (KGL) - Citizens Report Card - fayyadamuudhaan yaada hawaasni ga'iinsaa fi quufinsa tajaajiloota irratti qaban qorachuudhaan hirmaannaa hawaasa cimsuurratti gahee guddaa taphateera. KGL yaada uumatni ykn lammiin imaammataa fi tajaajila hawaasaarratti qaban haala salphaa ta'een kan namatti mul'isudha. KGL tooftaan jalaa-gubbaa 'bottom-up' fayyadamuudhaan haala gainsaa fi bu'aa jijjiirama imaammata qorachuu dhaan qaamolee imaammata tumaniif yaada karaa hanqina argatiinsa, bu'aa qabiinsaa fi ga'iinsa tajaajilootaa kenna. PANIn bu'a KGL kana fayyadamuudhaan yaada qopheefama sagantaa 'PASDEP' irratti qabu qaama ilaaluuf dhiheesseera. Qorannoon kun isa jalqabaa haa ta'u iyyu malee, odeefannoon tooftaa kanaan argame hagam shoora hojiirra oolmaa Sagantaa 'PASDEP' qabu mul'isa.